Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,

Galmeen keenya akka agarsiisutti daa'imni keessan **talaallii measles, mumps, and rubella (MMR, gifira, maangurroo, shiftoo) kanaaf Certificate of Exemption (Ragaa Bilisa ta'uu)** sanada keenya irraa qaba.

Sagantaa keenya keessatti, ykn hawaasa keessatti **weerarri dhibee gifiraa** yoo jiraate, namni kamiyyuu ragaa (eegumsa ittisaa) madinummaa dhukkuba gifiraa agarsiisuu yoo hin dandeenye **hanga guyyoota 21 mana turuun** akka isa barbaachisuu muummeen fayyaa gaafachuu danda'a. Kunis tatamsa’ina dhukkuba gifiraa dhaabuuf gargaara.

Dhukkubni gifiraa baay'ee daddarbaa waan ta’eef dafee babal’achuu danda’a. Akkasumas rakkoo fayyaa hamaa fiduu danda’a. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo marsariitii Washington State Department of Health (Muummee Fayyaa Kutaa Waashingitan): doh.wa.gov/measles daawwadhaa.

Waa'ee dhukkuba gifiraa fi talaallii MMR irratti gaaffii yoo qabaattan, ogeessa kunuunsa fayyaa isiniif kennuu waliin haasa'aa.

Nagaa wajjiin,